# Baafata

**Qabiyyee** **Fuula**


Seensa ........ 1

Barbaachisummaa Qajeelfamichaa ........ 2

Kaayyoo ........ 3

Bu'aalee Eegaman ........ 3

Kutaa Tokko: Tumaalee Waliigalaa ........ 4

Kutaa Lama: Istaandaardii Ijaarsa Gamoowwanii, Gurma'ana Meeshaalee Barnootaa, Barsiisotaafi Hojjattoota Bulchiinsaa ........ 7

Kutaa 3. Gaafiifi Kenniinsa Eeyyamaa ........ 8

Kutaa Afur: Eeyyama Haaromsuu, Haquufi Bakka Buusuu ........ 11

Kutaa Shan: Hojiirra Oolmaa Sirna Barnootaa ........ 12

Kutaa Jaha: Kafaltii Tajaajila Barnootaa ........ 14

Kutaa Torba: Adeemsa Simannaa Barattootaafi Kenniinsa Waraqaa Ragaa Barnootaa ........ 18

Kutaa Saddeet: Dhaabbilee Barnootaa Keessatti Hirmaannaa Maatii ........ 19

Kutaa Sagal: Dirqamaafi ittigaafatamummaa Dhaabbilee Barnoota Dhuunfaa ........ 20

Dhimmoota Dhorkaman ........ 21

Moggaasa Dhaabbilee Barnoota Dhuunfaa ilaalchiisee ........ 21

Yeroo Galmee Barattootaa ........ 22

Gochawwan Barnoota Idilee Waliin Wal-cina Raawwataman ........ 22

Caasaalee Barnoota Naannichaa Sadarkaan Jiran Ilaalchiisee ........ 22

Hordoffiifi Madaallii Dhaabbilee Barnootaa Dhuunfaa ........ 23

Tarkaanfiwwan Bulchiinsaafi Seeraa ........ 23

Sirna Komiin itti dhiyaatu ........ 24

Haala Qajeelfamni kun itti fooyya`u ........ 25

Qajeelfamota Haqaman ........ 25


Qajeelfama Manneen Barnoota Dhuunfaa

## Seensa

Kallattii imaammata barnootaa hojiirra oolaa jiruun, carraa barnootaa babal'isuu keessatti mootummaan hawaasa bal'aafi abbootii qabeenyaa dhuunfaa hojii misooma barnootaa keessatti hirmaachisuun milkaa'inni guddaan argamuun isaa ni beekama. Sochii kana keessatti, abbootiin qabeenyaas mootummaa cinaa dhaabbachuun gumaachi taasisaa jiran salphaa miti.

Bu'uura imaammata barnootaa keenyaan hojii misooma barnootaa keessatti hirmaannaa abbootii qabeenyaa cimsuufi sochii kanas seeraafi qajeelfamaan hogganuuf danbii lakk. 206/1987, keeyyata 4:2 fi Qajeelfama Ministeerri Barnootaa bara 1987 baase keeyyata 4.1.2 fi 4.2.1 jalatti haala ibsameen abbootii qabeenyaa hojii misooma barnootaa irratti hirmaachuuf Eeyyama gaafataniif aangoon Eeyyama kennuu kan Biiroo Barnootaa mootummaa naannoolee ta'uu ibseera.

Haala kanaan Istaandardiiwwan dhaabbilee barnootaa akka biyyaatti bahee jiruun dhaabbilee barnootaa sadarkaa barnoota idileen duraa hanga qophaa'inaa jiran bulchuufi barnoonni kennamu sadarkaa eegamu guutuu isaa to'achuu, dhaabbileefi abbootii qabeenyaa biyya keessaa naannoo keenya keessatti hojii misooma barnootaa irratti bobba'aniif Eeyyama kennuu, gahumsa isaanii mirkaneessuufi to'achuuf BBO aangoo seeraan kennameef irratti hundaa'uun tattaaffii taasisaa tureera.

Haa ta`u malee kallattii imaammata barnootaa keenyaan hojii dhaabbilee barnootaa dhuunfaafi miti-mootummaa naannoo keenyaa karaa guutuu ta'een hogganuu keessatti hanqinaaleefi rakkoolee gurgguddoon turaniiru.

Rakkoleefi hanqinaalee dhaabbilee barnootaa dhuunfaa kessatti mul'atan keessaa isaan gurguddoon:

- Sirna barnoota biyya keenyaafi naannoo keenyaan ala hojii barnootaa gaggeessuu,
- Barsiisota, dura bu'ootaafi hojjattoota bulchiinsaa sadarkaa barnootaa istaandardiin gaafatuu gadiin hojjachuu,
- Barsiisotaafi hojjettoota yeroo guutuu hinta'iin (part-timer)n hojjechuu,
- Sagantaa barnootaa tokkoo ol mooraa mana barnootaa tokko keessatti hooggansa tokkoon gaggeessuu,

Qajeelfama Manneen Barnoota Dhuunfaa

- Gamoofi kutaa barnootaa istaandardii hin guutne keessatti manneen yaalii, mana kitaabaa, handhuura gabbisa barnootaa, mana fincanii, kutaawwan bulchiinsaa, dirree ispoortiifi kkf istaandardii osoo hin guutiin eeyyamaafi beekamtii malee barsiisuu.
- Imaammata barnootaa waliin karaa walitti bu'uufi mirga daa'immanii karaa sarbuu danda'uun afaan barnootaafi sagantaa barnootaa eeyyamameen ala hojjechuu,
- Sababa quubsaafi amansiisaa hin taaneen maatii osoo hin mariisisiin maallaqa walitti qabuun hojii barnootaa ija maallaqaan qofa ilaaluu,
- Sirna sekulaarizimii barnootaa kabachiisuu dhabuu,
- Caasaa barnootaa dhimmi ilaaluufi maatii barattootaa waliin dhimma dhaloota qaruu irratti qindoominaan hojjechuu irratti rincicuu,
- Bulchiinsa mana barnootaa keessatti maatii barattootaa hirmaachisuu dhabuu,
- Paakeejjii mirkaneeffannaa qulqullina barnootaa karaa guutuu ta'een hojiirra oolchuu dhabuu,
- Aadaa, afaaniifi sona ummata naannichaa guddisuufi kabajuu irratti hanqinni jiraachuufi kkf

## Barbaachisummaa Qajeelfamicha

- ✓ Dhaabbilee barnootaa dhuunfaa keessatti TMGB Paakeejii Mirkaneeffannaa Qulqullina barnootaafi karaa guutuu ta'een hojiirra oolchuuf,
- ✓ Dhaabbile barnootaa dhuunfaa istaandardii sadarkaan barnootaa gaafatu guutanii akka socho'an taasisuuf,
- ✓ Dhaabbilee barnootaa dhuunfaa keessatti imaammanni barnootaa biyyaa keenyaa haal-duree tokko malee karaa guutuu ta'een akka hojii irra oolu gochuuf,
- ✓ Barnoonni dhaabbilee barnootaa dhuunfaa keessatti kennamu hoggansaafi barsiisota yeroo guutuufi gahumsa qabaniin akka gaggeeffamu taasisuuf,
- ✓ Sirna kafaltii tajaajilaa dhaabbilee barnootaa fudhatamaafi amansiisaaa hin taane sirreessuun barbaachisaa ta'ee waan argameef,
- ✓ Sirna barnootaa keenyaa karaa guuttuu ta'een hojii irra oolchuu hoj-maata dandeessisu diriirsuuf,

Qajeelfama Mancen Barnoota Dhuunfaa

- ✓ Qajeelfamni **"Istaandardiifi Raawwii Eeyyama Beekamtii Dhaabbilee Barnootaafi Leenjii Oromiyaa" bara 1998** bahee ture dhaabbilee barnootaa dhuunfaa karaa ifaafi guutuu ta'een kan hin ibsineefi hin hojjechiifne ta'uun isaa waan hubatameef,
- ✓ Sadarkaa guddina misooma barnootaa naannoon keenya irra geesseefi rakkoo qulqullinaa barnootaa irratti mul'atuuf deebii wayitaawaa ta'e kennuuf qajeelfama to'annoo dhaabbilee barnootaa dhuunfaa kana qopheessuun barbaachiisa ta'ee argameera.

Haala kanaan, Biiroon Barnootaa Oromiyaa aangoo labsiidhaan kennamef irratti hundaa'uun qajeelfama to'annoo dhaabbilee barnootaa dhuunfaa kana baaseera.

## Kaayyoo

Sochii hojiiirra oolmaa Paakeejii Mirkaneeffannaa Qulqullina Barnootaafi Tarsiimoo Muuxannoo Gaggaarii babaldhisuu hojii irra oolchuu keessatti seeraafi qajeelfama irratti hundaa'uun hirmaannaa abbootii qabeenyaa dhuunfaa misoomawaa jajjabeessuufi ilaalchaafi gocha kirasassaabdummaa dhaabbilee barnoota dhuunfaa keessatti mul'atu dhabamsiisuun dhaloota naamusa gaarii, jaalala biyyaa qabuufi dorgomaa ta'e horachuudha.

## Bu'aalee Eegaman

- Immaammata, seeraafi qajeelfamoota barnootaa dhaabbilee barnootaa dhuunfaa keessatti hojiirra oolan,
- Maneen barnoota dhuunfaa istaandardii akka biyyaatti jiru eeguun, barnoota qulqullina qabu kennuun barattoota gahumsa qaban horataman.
- Paakejjii mirkaneeffannaa qulqullina barnootaa guutummaan guutuutti hojiirra oolchuun qulqullina barnoota fooyya'e.
- Dhaabbilee barnoota dhuunfaa hoggansaafi barsiisoota yeroo guutuufi gahumsa qabaniin gaggeefaman.
- Walitti dhufeenya abbootii qabeenyaa misooma barnootaa irratti bobba'aniifi caasaalee barnoota gidduu jiru cimsuun muuxannoowwan gaggaariin akka babal'atu gochuufi hanqinoota raawwii keessatti mul'atan hatattamaan furman

Qajeelfama Manneen Barnoota Dhuunfaa

# Kutaa Tokko

# Tumaalee Waliigalaa

## Keeyyata1. Mata Duree Gabaabaa

Qajeelfamni kun "**Qajeelfama To'annoo Dhaabbilee Barnoota Dhuunfaafi Miti-Mootummaa Naannoo Oromiyaa**" jedhamee waamamuu ni danda'a.

## Keeyyata 2. Hiika

Qajeelfama kana keessatti jechoota dhiyaataniif hiiki addaa yoo kennameefiin ala,

1. "Naannoo" jechuun Naannoo Oromiyaa jechuudha.
2. "Mootummaa Naannoo" jechuun Mootummaa Naannoo Oromiyaa jechuudha.
3. "Biiroo" jechuun Biiroo Barnoota Oromiyaa jechuudha.
4. "BID" jechuun Barnoota Idileen Duraa Jechuudha.
5. "BBO" jechuun Biiroo Barnootaa Oromiyaa jechuudha.
6. "Waajjira Barnootaa" jechuun akkaataa caasaa BBOtiin Waajjira Barnoota Godinaa, Waajjira Barnootaa Bulchiinsa Magaalaa yookiin Waajjira Barnootaa Aanaa jechuudha.
7. "Dhaabbata Barnootaa" jechuun mana barnootaa sagaantaa barnoota oolmaa daa'immanii, sadarkaa 1ffaa, sadarkaa 2ffaa fi Qophaa`inaa tajaajila hojii barnoota idilee kenu jechuudha.
8. "Dhaabbilee Barnoota Dhuunfaa" jechuun manneen barnootaa abbootii qabeenyaa dhuunfaan yookiin waldaalee abbootii qabeenyaa dhuunfaan gurmaa'aniifi hogganamuun kafaltii madaalawaan tajaajila barnootaa kennan jechuudha.
9. "Dhaabbilee barnootaa miti-mootummaa" jechuun manneen barnootaa dhaabbilee gargaarsaa, dhaabbilee amantii, waldaalee, tola ooltotaan ijaaramanii eeyyamaafi beekamtii Biiroo Barnootaa Oromiyaatiin hojii baruu barsiisuu gaggeessan jechuudha.
10. "GMBB" juechuun Gamtaa Maatii Barattootaafi Barsiisotaa jechuudha.
11. "PMQB" jechuun Paakeejjii Mirkaneeffannaa Qulqullina Barnootaa jechuudha.

Qajeelfama Manneen Barnoota Dhuunfaa

12. “TMGB” jechuun Tarsiimoo Muuxannoowwan Gaggaarii Babal’isuu jechuudha.

13. “Tajaajila barnootaa” jechuun hammaattoo sirna barnootaa mootummaan baase hordofuun tajaajilaa baruu-barsiisuufi isaan walqabatee kennamudha.

14. “Hammattoo sirna barnootaa” jechuun sanada kaayyoowwan, galmawwaan, sonawwanifi sagantaawwan sirna barnootaa qabatedha.

15. “Silabasii barnootaa” jechuun sanada kaayyoo, qabiyyee, tooftawwan barsiisuu, madaallii, fi baay`inaaf dheerina wayitii barnootaaf ramadame qabate jechuudha.

16. “Afaan Calqabaa” jechuun Afaan daa’imman afaan itti hiikkatan, mana barumsa osoo hin seeniin dura maatii isaanii fi naannoo isaanii waliin afaan ittiin waliigalan jechudha.

17. “Bara Barnootaa” jechuun Fulbanaa 1 kaasee hanga waxabajii 30tti ji`oota jiran 10 kan qabate ta’ee yeroo barnoota idilee yookiin kan galgalaa jechudha.

18. “Ji`oota Boqonna Gannaa” jechuun barattoonni yeroo barnoota idilee isaanii xumuranii kan itti boqotaan ji`oota Adoleessaa fi Hagayyaa jechuu dha.

19. “Barnootaa Idilee” jechuun sagantaa barnootaa haala sirna barnootaa keessa taa’een raawwatamuudha.

20. “Barnoota Dabalataa” jechuun dhaabbilee barnootaa keessatti yeroo/wayitii barnoota idileetiin ala Sanbataa, Dilbata, ji`oota gannaafi haala kana fakkaatuun barnoota kennamu jechuudha.

21. “Barnoota Gannaa” jechuun sagantaa barnootaa yeroo barnoonni idileen cufamuufi ji’oota gannaa keessa kennamu jechuudha.

22. “Kurmana Waggaa” jechuun haala lakkoofsa guyyoota barnoota waggaa tiin yeroo barnootaa bakka afuritti hiruun sagantaa barnootaa hojiirra ooluudha.

23. “Walakkeessa Waggaa” jechuun sagantaa hojii barnootaa yeroo barnoota waggaa lamatti hirudha.

Qajeelfama Manneen Barnoota Dhuunfaa

24. “Mana Barumsa Sad.1ffaa” jechuun Dhaabbata barnootaa Barnoonni waliigalaa sadarkaa barnootaa kutaa 1ffaa- 8ffaa kan itti kennamudha.

25. “Mana Barumsa Sad.2ffaa” jechuun dhaabbata barnootaa kutaa 9-10 tajaajilli barnoota idilee keessatti gaggeeffamu jechuudha.

26. “Mana Barumsa Qophaa`inaa” jechuun dhaabbata barnootaa kutaa 11ffaa fi 12ffaa barnootaa olaanaaf qophiin dura itti kennamu jechuudha.

27. “BID” jechuun Barnoota Idileen Duraa Jechuudha.

28. “HGB” jechuun Handhuura Gabbisa Barnootaa jechuudha.

29. “TMGB” jechuun Tarsiismoo Muuxannoowwan Gaggaarii Babal’isuu jechuudha.

30. “Mana Barumsa Oolmaa Daa`immanii” jechuun daa`imman umriin isaanii waggaa 4-6 ta`an bifa taphaatiin bashannana qaamaan, sammudhaan, miiraan, hawaasummaa fi afaaniin kan gahumsa itti horatanifi barnoota idileef dhaabbata itti qophaa`anidha.

31. “Dhaabbata Alaa” jechuun dhaabbata amantaa yookiin kan deeggarsaa Itoophiyaan alatti ijaarame jechuudha.

32. “Maatii”jechuun namoota daa’ima horatan yookiin seeraan beekamtiin kennameefi guddifataniifi caraa barnootaa akka argatu kan taasisan tajaajilamaa dhaabbata barnootaati. Bifa walfakkaatuun qajeelfama kana keessatti qaamni kafaltii tajaajilaa daa’immaniif raawwatu yookiin dhimma kanaaf namni qaama seerummaa qabaatee kafaleefii daa’imni tokko akka baratu taasise akka maatitti lakkawamudha.

## Keeyyata 3. Ibsa Koornayaa

Qajeelfama kana keessatti koornayaa dhiiraan ibsame koornayaa dubartiifis raawwatiinsa ni qabaata.

Qajeelfama Manneen Barnoota Dhuunfaa

## Keeyyata 4. Daangaa Raawwatiinsa Qajeelfamichaa

Qajeelfamni kun Dhaabbilee Barnootaa Dhuunfaa, Manneen Barnootaa miti-mootummaa, Manneen Barnootaa Idilee Dhaabbilee Amantaa, Manneen Barnootaa Dhaabbilee Gargaarsaafi dhaabbilee tola-ooltummaa barnoota oolmaa daa'immanii hanga qophaa'inaatti hojii barnootaa Naannoo Oromiyaa keessatti gaggeessan hunda irratti kan raawwatamu ta`a.

# Kutaa Lama

## Istaandaardii Ijaarsa Gamoowwanii, Gurmaa'ina Meeshaalee Barnootaa, Barsiisotaafi Hojjattoota Bulchiinsaa

**Keeyyata 5. Istaandardii Ijaarsa Gamoowwaniifi Gurmaa'ina Meeshaalee Barnootaa**

Bal'inni mooraa dhaabbilee barnoota dhuunfaa, ijaarsi gamoowwanii, baay'innifi bal'inni kutaalee barnootaafi kkf istaandardii akka guutuu biyyatti bahee hojirra jiru irratti ibsame kan guute ta'uu qaba.

**Keeyyata 6. Gurmaa'ina meeshaaleefi keessoo dhaabbilee barnootaa**

Gurmaa`inni keessoo dhaabbilee barnootaa kan akka mana kitaabaa, handhuura gabbisa barnootaa, manneen yaalii barnoota saayinsii, dirree ispoortii, kutaa ICT, fi kkf meeshalee guutamuu qaban dabalatee haala istaandardii sadarkaa barnootaa akka guutuu biyyatti bahee jiru irratti kan ibsame guutuu qaba.

**Keeyyata 7. Istaandardii Barsiisotaa**

**7.1.** Barsiisonni dhaabbilee barnootaa oolmaa daa'immaniirraa kaasee hanga qophaa`inaa barsiisan sadarkaa barnootaa, muuxannoo hojiifi beekumsaan istaandardii akka biyyaatti kaa'ame kan guutan ta`uu qabu.

7.2. Barsiisonni dhaabbilee barnootaa dhuunfaa hundi mala baruu-barsiisuu (Methodology) irratti leenjii kan fudhatan ta'uu qabu.

7.3. Barsiisonni dhaabbilee barnootaa dhuunfaa barsiisan hundi isaanii dhaabbataan (full timer) kan qacaraman ta'uu qaba.

Qajeelfama Manneen Barnoota Dhuunfaa

**Keeyyata 8. Istaandardii Hojjattoota Bulchiinsaa**

8.1. Dhaabbilee barnoota dhuunfaa sagantaa barnootaa idileen duraa hanga qophaa`ina hojjatoota bulchiinsaa barbaachiisa ta`an haala sadarkaa dhaabbatichatiin akaakuu, baay'innaa, beekumsaafi muuxannoo istaandardiin gaafatu kan guutan ta`uu qabu.

8.2. Dura bu'oonniifi hojjatoonni bulchiinsaa dhaabbilee barnootaa dhuunfaa ulaagaa Ministeerri Barnootaa baasee ittiin hojjetamaa jiru kan guutani ta'ee, amalaafi hojii isaaniitiin hawaasaafi manneen hojii mootummaa waliin qunnamtii hojii gaarii qabaachuudhaaf afaan hojii naannichaa (Afaan Oromoo) irratti dandeettii kan qaban ta'uu qabu.

8.3. Dura bu'oonni, barsiisonniifi hojjettoonni bulchiinsaa dhaabbilee barnoota dhuunfaa hundi yeroo guutuun kan ramadamaniifi hojjetan ta'uu qabu

## Kutaa Sadii

## Gaafiifi Kenniinsa Eeyyamaa

Barnoota Dhuunfaa

**Keeyyata 9.Yaada Dimshaashaa**

Manneen barnootaa dhuunfaafi miti-mootummaa hojii misooma barnootaa naannoo Oromiyaa keessatti hirmaachuu barbaadan kamiyyuu caasaa barnootaa dhimmi ilaallaturra Eeyyamaafi beekamtii hojii argachuu qabu. Eyyamni kennamus Eeyyama beekamtii duraafi Eeyyama beekamtii guutuu jedhamuun gosa lama qaba.

**9.1. Eeyyama Beekamtii Duraa**

Eeyyama beekamtii duraa jechuun dhaabbanni barnootaa dhuunfaa tokko sochii hojii barnootaa gaggeessuu osoo hin jalqabiin haal-dureewwan barnootaaf barbaachisan guuttachuu isaa ibsuun hojii baruu barsiisuu eegaluuf gaaffii eeyyama hojii dhiyeessee, caasaan BBO aangoon seeraan kennameef madaallii gaggeessuun dhimmoonni bu'uuraa istaandardii keessa kaa'aman guutamuu isaanii mirkaneessee Eeyyama beekamtii hojii duraa kennamudha.

**9.2. Eeyyama Beekamtii Guutuu**

Eeyyama beekamtii guutuu jedhamuun dhaabbanni barnootaa dhuunfaa tokko ulaagaale barbaachisan guuttachuun, eeyyama beekamtii duraa waggaa tokkoof qabaatee hojii keessa jiru, bara itti aanuuf gaaffii eeyyama guutuu wayita dhiyeessu caasaan BBO aangoon kennameef madaallii gaggeessee erga mirkanaa’ee Eeyyama hojii dhaabbataa haaromfamuu danda’u kennamudha.

## Keeyyata 10. Qaama Gaaffiin Eeyyamaa Itti Dhiyaatuufi Kennu

Gaaffiin eeyyamaa beekamtii dhaabbata barnootaa dhuunfaa haaluma sadarkaa dhaabbatichaan caasaa BBO dhimmi ilaaluuf dhiyaata. Haala kanaan:

10.1. Gaaffiin eeyyama beekamtii dhaabbilee barnootaa oolmaa daa'immaniifi sad.1ffaa (1-8) godinaalee keessatti beekumsa waajjira Barnootaa godinaan wajjira Barnootaa aanaaf; Bulchiinsa magaalotaa keessatti immoo waajjira barnotaa bulchiinsa magaalaatti dhiyaachuu qaba.

10.2. Gaaffiin Eeyyama beekamtii dhaabbilee barnootaa Sad.2ffaa fi Qophaa'inaa deeggarsa waajjira barnootaa godinaa/Bu/Magaalaan Biiroo Barnootaa Oromiyaatti dhiyaachuu qaba.

10.3. Dhaabbanni barnootaa dhuunfaa haaraa hojii barnoota gaggeessuu barbaade tokko barri barnootaa haaraan jalqabuuf ji'a sadiifi isaa dura gaaffii Eeyyama duraaf caasaa BBO dhimmi ilaaluuf dhiyeeffachuu qaba.

## Keeyyata 11. Gaaffiifi Eeyyama Beekamtii Duraa

11.1. Gaaffiin eeyyama beekamtii duraa dhiyaatu maqaa mana barumsichaa, teessoo mana barnootichaa, sadarkaa mana barnootichaa ifatti kan mul’isu ta’uu qaba.

11.2. Gaaffiin eeyyama beekamtii duraa dhiyaatu, abbaa qabeenyummaa gamoo mana barnootichaa kan agarsiisu ta’ee, kiraa yoo ta'e, ragaan waliigaltee kiraa yoo xiqqate kan waggaa sadii qaama seeraan mirkanaa'ee kan agarsiisu ta’uu qaba.

11.3. Gaaffiin eeyyama beekamtii duraa dhiyaatu ragaa barsiisotaa, hoggantootaafi hojjettoota bulchiinsaa dhaabbataa sadarkaa barnootaafi gosa barnootaa kallattiin itti leenji’an kan agarsiisu ta’uu qaba.

11.4. Gaaffiin eeyyama beekamtii duraa dhiyaatu, haala sadarkaa mana barumsichaan barsiisotaafi hojjettoota bulchiinsaa dhaabbataa istaandardiin barbaaduun guutamuu isaa kan ibsu ta'uu qaba.

11.5. Gaaffiin eeyyama beekamtii duraa dhiyaatu, istaandardii sadarkaan mana barnootichaa gaafatuun humna simannaa mana barumsichaa kutaan adda baasee kan mul'isu ta'uu qaba.

11.6. Gaaffiin eeyyama beekamtii duraa dhiyaatu galteewwan bu'uura barnootaa kanneen akka kitaabilee barattootaa gosaa barnootaa, kutaafi baay'ina barattootaan akka walsimutti guutamuu isaa kan mul'isu ta'uu qaba.

11.7. Gaaffiin eeyyama beekamtii duraa dhiyaatu haala istaandardiin gaafatuun dareewwan barnootaa, kutaalee bulchiinsaa, mana kitaabaa, HGB, manneen yaalii, kutaa "ICT"fi meeshaalee barbaachisan waliin gurmaa'ee kan ibsame ta'uu qaba.

11.8. Gaaffiin Eeyyama beekamtii duraa dhiyaatu sagantaa barnootaafi sadarkaa barnootaan adda bahee dhiyaachuu qaba.

11.9. Gaaffiin eeyyama beekamtii duraa dhiyaatu miseensummaa waldaa manneen barnoota dhuunfaa kan ibsu ta'uu qaba.

## Keeyyata 12. Gaaffiifi Eeyyama Beekamtii Guutuu

12.1. Dhimmoonni keeyyata 11 (keeyyattoota xixiqqaa 11.1 hanga 11.8) jalatti tarreeffaman gaaffii Eeyyama guutuu dhiyeessuufis kanbarbaachisan ta'ee, gaaffiin Eeyyama beekamtii guutuu yeroon tajaajila Eeyyama beekamtii duraa osoo hin xumuramiin ji'a 2 dursee dhiyaachuu qaba.

## Keeyyata13. Adeemsa Kenniinsa Eeyyama Beekamtii

13.1. Eeyyama beekamtii duraa argachuuf ulaagaaleen bu'uuraa istaandardii keessatti ibsaman dursaan guutamuu qabu.

13.2. Qaamni dhaabbata barnootaa dhuunfaa banuu barbaade qophii gahaa qabaachuu isaa raga guutuun ibsuun eyyamni beekamtii duraa akka kennamuuf gaaffii dhiyeeffachuu qaba,

13.3. Ragaa dhaabbatichi dhiyeeffate irratti hundaa’uun oggeeyyii caasaa BBO dhimmi ilaaluun dhaabbatichatti qaamaan argamuun ulaagaaleefi istaandardiiwwan barbaadaman guutamuu isaanii mirkanaa’uu qaba.

13.4. Eyyamni beekamtii duraa waggaa tokko qofaaf kan kennamu ta’ee, manni barnootichaa hojii baruu-barsiisuuf mijataa ta’uufi ulaagaaleen bu’uuraa guutamuu isaanii erga mirkanaa’ee booda, guyyoota hojii **soddoma** keessatti qaama eyyamicha gaafateef deebii kennuu qaba.

13.5. Dhaabbani barnootaa beekamtii duraa kennameefis, ulaagaalee hin guutamiin yookiin dhimmoota akka fooyya’an yaadi kennameef guyyaa eyyamichi kennamee kaasee guyyoota **60** keessatti guuttatee caasaa barnootaa dhimmi ilaaluuf gabaasa dhiyeessuu qaba.

13.6. Dhaabbanni barnootaa eeyyama beekamtii duraa argate tokko sagantaa haaraa banuu yookiin babal'isuu yoo barbaade, hojii osoo hin jalqabiin dura dhimmicha irratti gaaffii Eeyyamaa gaafachuufi argachuun irraa eegama.

## Kutaa Afur:

## Eeyyama Haaromsuu, Haquu, Bakka buusuu

**Keeyyata 14. Eeyyama Haaromsuu**

14.1. Manni barnootaa eeyyma haaromsuuf gaafatu tokko yeroon tajaajila Eeyyamasaa osoo hin xumuramin ji'oota 2(lama) dursee eyyamni akka haaromsamuuf qaama Eeyyama kenneefitti gaaffii haaromsaa dhiyeeffachuu qaba.

14.2 Eyyamni beekamtii dhaabbilee barnoota dhuunfaa kan haaromfamu **waggaa waggaan** ta’ee, gaaffiin haaromsaa yommuu dhiyaatu, dhimmoonni akka sirreefaman mana barumsichaaf kennamanii turan sirraa’uu isaanii ragaan deeggeramee dhiyaachuu qaba.

14.3. Qaamni gaaffiin haaromsaa itti dhiyaates manni barnootichaa, sagantaa barnootaa eeyyamameef irratti hundaa’uun ulaagalee bu’uuraa guuttatee hojjachaa jiraachuu isaa garee madaalliin erga mirkaneeffatee booda eeyyamicha ni haaromsa.

14.4. Qaamni eeyyama kennu gaaffii haaromsa eeyyamaa yoo fudhachuu dide sababa isaa guyyoota 30 keessatti dhaabbata gaaffii haaromsaa dhiyeesseef barreeffamaan ni beeksisa.

**Keeyyata 15. Eeyyama Bakka Buusuu**

15.1. Dhaabbanni barnootaa eyyamni jalaa bade kamiyyuu akka bakka bu'uuf qaama Eeyyama kenneefitti gaaffii bakka bu'insa Eeyyamaa dhiyeeffachuu ni danda'a.

15.2. Dhaabbanni barnootaa eyyamni akka bakka bu'uuf gaafatu haala itti eyyamichi jalaa bade ragaa isaa qaama dhimmi ilaalu irraa fudhachuun caasaa BBO dhimmi ilaaluuf dhiyeeffachuu qaba.

15.3. Caasaan BBO dhimmi ilaalus seera qabeessummaa gaaffii dhiyaatee mirkaneeffachuun gaaffii dhiyaateef deebii ni kenna.

**Keeyyata 16. Eeyyama Deebisuu**

16.1. Dhaabbanni barnootaa eeyyama beekamtii argate kamiyyuu sadarkaa mana barumsichaa ol guddisuu, sagantaa isaa jijjiiruu yookiin walitti makuun eeyyama haaraa argachuu yoo barbaade, eeyyama duraan fudhate qaama eeyyama kenneefiitti deebisuu qaba.

16.2. Dhaabbanni barnootaa eyyamni jalaa haqame yookiin tajaajila kennu addaan kute kamiyyuu haalli kun akka umameen **guyyoota hojii 15** keessatti eeyyama kenneefii ture caasaa BBO dhimmi ilaallutti deebisuu qaba.

16.3. Dhabbanni barnootaa dhuunfaa eyyamni jalaa haqame/hojiisaa adda kutuu kamiyyuu bara barnootaa jalqabe xumursiisuu dirqama qaba. Dhaabbatichi akka cufameenis ofeeggannoo guddaan ragaa barattootaa barsiisaa ture waajjira barnoota aanaa/ bulchiinsa magaalaa keessatti hojjechaa turetti kennuu qaba.

Qajeelfama Manneen Barnoota Dhuunfaa

## Kutaa Shan

**Keeyyata 17. Hojiirra Oolmaa Sirna Barnootaa**

17.1. Dhaabbileen barnoota dhuunfaa kamiyyuu haala sagantaa sirna barnootaa keessatti ibsameen barattoota oolmaa daa'immanii fi sadarkaa tokkoffaaf yeroo boqonnaa gahaa ta'e kennuu qabu.

17.2. Dhaabbilee barnoota dhuunfaa keessatti wayitiin barnootaa dabalataa barnoota idileen cinaatti kennamu torbaanitti wayitii 7 caaluu hin qabu.

17.3. Dhaabbanni barnootaa kamiyyuu kaalandarii sirna barnoota biyyattiifi wayitii gosoota barnootaaf ramadame kabajee hojjechuu qaba.

17.4. Dhaabbanni barnootaa dhuunfaan kamiyyuu kaalandarii bara barnootaa bu'uura godhachuun waggaa tokko semiisteera lamatti hiruun tajaajila barnootaa kennuu qaba.

17.5. Barattoonni barnoota dabalataa barachuu qaban kutaa 5ffaa fi isaa ol kan jiran qofa ta'uu qaba.

17.6. Barnoonni dabalataan yeroo gannaa kennamu torbaan 4 caaluu hin qabu.

17.7. BArattoota gidduutti dorgommii haqa qabeessa hintaane hambisuuf jecha barnoonni dabalataa yeroo gannaa kennamu qabiyyee barnoota idileen bara itti aanu kutaa sanatti baratamu ta'uu hin qabu.

17.8. Waliigaltee maatii malee barattoonni barnoota dabalataa akka baratan gochuun hin danda'amu.

17.9. Sagantaan barnoota dabalataa fedhii barattotaafi maatii irratti kan hundaa'u ta'ee, barattoota barnoota dabalataa barachuu hin barbaannerratti dhiibbaa kamiyyuu dhaqqabsiisuu hin qabu.

**Keeyyata18. Kitaaba baratаа**

18.1. Dhaabbanni barnootaa kamiyyuu sirna barnootaa akka biyyatti yookiin Biiroo Barnootaa Oromiyaatiin qophaa'een barsiisuuf dirqama kan qabu yoo ta'uu, kitaaba ofiin qopheesse yookiin biyya alaatii fideen barnoota idilee barsiisuu hin danda'u.

18.2. Lakkoofa 18.1 irratti kan ibsame akkuma jirutti ta'ee, dhaabbilee barnootaa dhuunfaa kitaaba sirna barnootaa keenyaan walitti hin buuneefi sirna barnootaa keenya irratti hundaa'uun qopheessuufi ogeeyyii sirna barnootaa Oromiyaatiin madaalsisanii akka kitaaba deeggarsaatti fayyadamuu danda'u.

18.3. Kitaaba barataa mootummaan qophaa'u bu'uura godhachuun kitaabni deeggarsaa qophaa'u tajaaila deeggarsa barnoota idileef oolchuun alatti gurguruufi kireessuun hindanda'amu.

Qajeelfama Mameen Barnoota Dhuunfaa

**Keeyyata 19. Afaan Barnootaa**

19.1. Haala imaammata barnootaa biyyaa keenyaatiin dhaabbilee barnootaa oolmaa daa'immaniifi sad.1ffaa keessatti afaan barnoonni ittiin kennamu afaan dhalootaa irratti kan hundaa’e ta’ee, sagantaalee akka naannoo keenyaatti beekaman lamaan (Sagantaa Afaan Oromoo yookiin Sagantaa Afaan Amaaraan) ta’uun danda’a.

19.2. Bu’uura imaammata barnootaa biyya keenyaan Afaan barnoonni sad.2ffaa fi qophaa'inaa ittiin kennamu Afaan Ingiliziin ta’uun qaba.

## Kutaa Jaha

## Kafaltii Tajaajila Barnootaa

### Keeyyata 20. Kafaltii Idilee Tajaajila Barnootaa

20.1. Kafaltiin idilee tajaajila barnootaa kan raawwatamu tajaajila barnootaa bara barnootaa tokkoof; Fulbaana 1 hanga Waxabajjii 30, (Ji’oota 10f) qofa ta’a.

20.2. Kafaltii idilee tajaajila barnootaa kan jedhamu tajaajila dhaabbatichi hojii barnootaafi dhimmoota kanaan walqabataniif kennuuf kafaltii maatiin barattootaa gaafataman jechuudha. Hangi kafaltii idilee kan murtaa`u sadarkaa qulqullinaafi gahumsa tajaajilaa dhaabbatichi barattootaaf kennuunfi baasiiwwan bulchiinsaa dhaabbatichaa tilmaama keessa kan galche ta’uu qaba.

20.3. Kafaltiin ji`aan, kurmaanaan, walakkeessa waggaa yookiin waggaan raawwachuu ni danda`a.

20.4. Dhaabbanni barnootaa gargaarsaa yookiin kaayyoo tola ooltumaan tajaajila barnootaa bilisaan kennuuf eeyyama argate tokko kaayyoo dhaabbateef dhiisee kafaltii tajaajilaa gaafachuu hindanda’u.

20.5. Armaan olitti lakk. 20.4 irratti kan insame akkuma jirutti ta’ee, dhaabbinni barnootaa kaayyoo tola ooltumaan ijaaramee hojii keessa jiru tokko, sababa amansiisaafi humnaa ol

Qajeelffama Manneen Barnoota Dhuunfaa

ta'een hanqinni baajetaa isa qunnamee hojii isaa sadarkaa barbaadamuun yoo gaggeessuu dadhabe, hirmaannaa hawaasa naannoofi deeggarsa mootummaa gaafachuu ni danda'a. Haata'uu malee, deeggarsi gafatamu hawaasa naannoo, hoggansa barnootaa naannoofi qaama eeyyama kenneen mirkanaa'uu qaba.

## Keeyyata 21. Kafaltii Galmee

21.1. Kafaltii galmee kan jedhamu dhaabbileen barnootaa barri barnootaa osoo hin jalqabamin ji`ota gannaa keessa yookiin jalqaba bara barnootaa irratti barattoonni haaraan maamiilaa dhaabbatichaa ta`uu fi barattoonni buleeyyiin immoo maamiltummaa isaanii itti fuufuuf waggaatti al tokko kafaltii raawwataniidha. Kafaltiin galmee barattootaa baasii hojii bulchiinsa galmeefi ragaalee barattootaa uwwisuu qofaaf waan ta'eef basii dhimma kanaaf barbaachisuun ol ta'uu hinqabu.

21.2. Kafaltiin galmee barattoota buleeyyii walakkaa kafaltii galmee barattoota haarawaa caaluu hinqabu.

21.3. Barattoonni barumsa isaanii xumuran xumura bara barnootaa irratti yookiin kanneen barnoota addaan kutaan ragaan barnoota isaanii akka kennamuuf yoo gaafatan tajaajila dhimma kanaan walqabatuuf kafaltii yeroo galmee raawwataniin kan haguugamu waan ta'eef, kafaltii biraa gaafatamuu hinqaban.

## Keeyyata 22. Kafaltii Barnoota Dabalataa

22.1. Barnoonni dabalataa tajaajila barnootaa yeroo barnoota idileen alaatti kennamuudha. Dhaabbileen barnootaa tajaajila barnoota dabalataa kennuu kan danda'an fedhii guutuu barattootaafi maatii barattootaa irratti qofa kan hundaa'e ta'a.

22.2. Hangi kafaltii tajaajila barnoota dabalataa dheerina yeroo tajaajila barnootaa kennamu irratti kan hundaa'u ta'ee, kafaltiin isaa kafaltii tajaajila barnoota idilee ji`atti kafalamu waliin kan walgitu ta'uu qaba.

Qajeelfama Mannen Barnoota Dhuunfaa

## Keeyyata 23. Kafaltii Barnoota Gannaa

**23.1.** Dhaabbileen barnoota dhuunfaa barattoonni isaanii dorgotoota akka ta'aniifi qorumsa biyyoleessaafi naannoof qopheessuuf jecha eeyyama maatiifi fedhii barattootaan sagantaa tajaajila barnoota yeroo gannaa qopheessuu ni danda`u.

**23.**2. Hangi kafaltiin tajaajila barnootaa yeroo gannaa dheerina yeroo tajaajila kennamu irratti kan hundaa'u ta'ee, kafaltii tajaajila barnootaa idileen ji'a tokkoof kafalamuun ol ta'uu hinqabu.

## Keeyyata 24. Kafaltiiwwan Dhorkaman

24.1. Dhaabbanni barnootaa dhuunfa kamiyyuu gosoota kafaltii tajaajilaa armaan olitti ibsamaniin alatti sababa kamiifuu: kitaabilee barnoota dabalataaf, meeshalee barnootaaf, qophii waraqaa ragaa barattootaaf, qophii qorumsaaf, dawwaannaa barnootaaf, sirna kabaja ayyanootafi kan kana fakkaatuun kafaltii biroo gaaffachu hin danda`u.

24.3. Dhaabbanni barnootaa dhuunfa kamiyyuu barnoonni erga jalqabamee booda yookiin walakkeessa waggatti kafaltii tajaajila barnoota irratti dabaluu hin danda`u.

## Keeyyata 25. Dabala Kafaltii Idilee Tajaajila Barnootaa

25.1. Dhaabbanni barnootaa dhuunfaa kamiyyuu bara barnootaa itti aanutti dabala kafaltii tajaajila gochuu yoo barbaade barri barnootaa jalqabame osoo hin xumuramiin **ji`oota sadi** dura maatii barattootaafi qaama ilaallatu kan biroo beeksisuu qaba.

25.2. Sababaafi barbaachiisummaa dabalataa kafaltii irratti maatii waliin osoo hin mari'atiin dabalata kafaltii taasisuun hin danda'amu.

25.3. Dhaabbanni barnootaa dabalataa kafaltii taasiisuuf sababa gahaa yoo qabaate, sababa isaafi hanga kafaltii barbaadame koree GMBB mana barumsichaafi barreeffamaan dhiyeessuu qaba. Haala kanaan, koreen GMBB walgahii maatii barattoota irratti akka argaman barreeffamaan waamicha dabarsuu qaba.

25.4. Qaamni eeyyama kenneefi koreen GMBB gaaffii kafaltii dabalataa manni barumsaa dhiyeessee sakatta'uun walgahii maatii waliigalaa irratti dhiyaatanii yaada kennuu qabu.

Qajeelfama Manneen Barnoota Dhuunfaa

**25.5.** Dhaabbanni barnootaa dabalata kaffaltii irratti akka mari'atamu barbaadu kamiyyuu walgahichi osoo hin gaggeeffamiin yoo xiqqaate guyyaa kudhan dursee ajandaawwan walgahichaa tarreessuun barreeffamaan maatii barattootaa maraaf waamicha dabarsuu qaba.

**25.6.** Mariin maatii barattootaa waliigalaafi koree GMBB waliin dabalata kafaltii irratti gaggeeffamu barri barnootaa jalqabame xumuramuuf yoo xiqqate ji'a tokko dura ta'uu qaba.

25.7. Guyyaa walgahii maatii gaggeessuuf yaadametti maatiin barattootaa argaman lakkoofsa maatii waliigalaa argamuu qaban keessaa walakkaa gadi yoo ta`e, dhaabbatichi waamicha kan biroo dabarsuun guyyaa bira gaggeessuu qaba. Murtiin walgahii guyyaa lamaaffaa irra jireessa lakkoofsa maatii barattootaan darbu maatii walgahicha irratti hin argamnerrattis kan raawwatamu ta`a.

25.8. Dhaabbanni barnootichaa miseensota maatii walgahii argamanii murtee kafaltii dabalataa deeggaraniifi morman lakkoofsaan adda baasee, akkasumas, dhimmoota biroo hirmattootaan ka`an qaboo yaa`iitiin gabaasa guutuu qopheessee Waajjira Barnootaa dhiyootti argamutti murtiin darbee guyyoota hojii shan keessatti dhiyyeessu qaba.

## Keeyyata 26. Kafaltii tajaajila Kenna Eeyyama Beekamtii Mana Barnootaa

26.1. Akkaataa kenna Eeyyamaa fi to'annoo dhaabbilee barnootaa dhuunfaa ilaalchisee danbiin lakk,206/1987 Mana Marii Ministeerootaan ba'ee jiruun dhaabbileen barnootaa sadarkaan jiran tajaajila kenna Eeyyamaa argachuuf kafaltii armaan gadii raawwachuu qabu.

| Sadarkaa Dhaabbata Barnootaa | Dhimma kafaltiin itti Raawwatu | Hanga kafaltii (Qar.) |
|---|---|---|
| Oolmaa Daa'immanii | Eeyyama Haaraaf | 500.00 |
| | Eeyyama haaromsuuf | 300.00 |

Qajeelfama Mameeti Barnoota Dhuunfaa

| | | |
|---|---|---|
| Mana Barumsaa sad.1ffaa (1-8) | Eeyyama haaraaf | 800.00 |
| | Eeyyama haaromsuuf | 600.00 |
| Mana Barumsa Sad.2ffaa (9-10) | Eeyyama haaraaf | 1200,00 |
| | Eeyyama haaromsuuf | 1000.00 |
| Mana Barumsaa Qophaa`inaa | Eeyyama Haaraaf | 1500.00 |
| | Eeyyama Haaromsuuf | 1,200.00 |

Barnoota Dhuunfaa

## Kutaa Torba

## Adeemsa Simannaa Barattootaafi Kenniinsa Waraqaa Ragaa Barnootaa

### Keeyyata 27. Ulaagaalee Simannaa Barattootaa

24.1. Dhaabbilee barnootaa dhuunfaa barnoota Oolmaa daa'immanii, daa'imman umriin isaanii waggaa 4-6, ta'an simachuun barsiisuu ni danda'u.

27.2. Dhaabbilee barnootaa dhuunfaa Sadarkaa 1ffaa marsaa duraa (kutaa1-4) ijoollee umriin isaanii waggaa 7fi ol ta'an barnoota oolmaa daa'immanii kan xumuran yookiin kan hin jalqabnees simachuu danda'u.

27.3. Dhaabbilee barnootaa dhuunfaa Sadarkaa 1ffaa marsa lammaffaa (kutaa 5-8) ijoollee umriin isaanii waggaa 11fi ol kan ta'an barnoota sadarkaa 1ffaa marsaa duraa (1-4) xumuran simachuu danda'u.

27.4. Dhaabbilee barnootaa dhuunfaa Sadarkaa 2ffaa (kutaa 9-10) ijoollee umriin isaanii waggaa 14fi ol ta'an barnoota sadarkaa 1ffaamarsa 2ffaa xumuran qorumsa naannoo kutaa 8ffaa fudhatanii qabxii darbiinsa naannoon murteessu kan argatan simachuu danda'u.

27.5. Dhaabbilee barnootaa dhuunfaa Qophaa'inaa (kutaa11-12) ijoollee umriin isaanii waggaa 16 fi ol ta'aniifi barnoota sadarkaa 2ffaa (kutaa 9-10) xumuranii qorumsa guutuu biyyaa kutaa 10ffaa fudhatanii qabxii darbiinsa Ministeera Barnootaatiin murtaa'u kan argatan simachuu ni danda'u.

## Keeyyata 28. Kenniinsa Waraqaa Ragaa Barattootaa

28.1. Manni barnootaa dhuunfaa kamiyyuu barattoota simate haala barbaadamuun barsiisuun xumura barnoota samisteeraatti qorumsa kennuun qabxii barbaadamu fiduu isaanii mirkaneessuun waraqaa ragaa maqaa barattootaan qopheessee kennuu qaba.

28.2. Manni barnootaa dhuunfaa kamiyyuu barattoota simatee barsiisaa ture keessaa barattoonni sababa adda addaan mana barumsichaa gadi lakkisuu isaanii agarsiisu waraqaa ragaa (transkriptii) kennuu qaba.

28.3. Manni barnoota dhuunfaa tokko ragaa barattoota kutaa kutaadhan samisteeraafi bara baraan rosteera qopheessee mana kuusaa ragaa barattootaa keessatti seeraan qabamee akka taa'u gochuu qaba.

28.4. Barataan tokko yeroo kamiyyuu ragaa barnootaa isaa yoo gaafate argachu qaba. Ragaan gaafatamu irra deebii yookiin al-tokkoo ol yoo ta'e, kafaltii tajaajilaa hojicha madaaluufi dursee dhaabbatichaan murtaa'e kafalee akka fudhatu ni taasifama.

28.5. Dhaabbanni barnootaa tokko yeroo cufamu yookiin eyyamni hojii isaa yoo haqamu ragaa barattootaa barsiisaa ture karaa guutuu ta'een caasaa barnootaa dhimmi ilaalutti deebisuu qabu.

Qajeelfama Mana

## Kutaa Saddeet

## Keeyyata 29. Dhaabbilee Barnootaa Keessatti Hirmaannaa Maatii

29.1. Maatiin barattootaa dhaabbilee barnootaa ijoolleen isaanii keessatti baratan keessatti adeemsa baruu barsiisuu, kenniinsa tajaajilaafi raawwii kafaltii tajaajilaa ilaalchisee hirmannaa ho'aa qabaachuu qabu.

29.2. Dhaabbanni barnootaa tokko dabalata kafaltii seeraan alaa, yoo raawwate gurmaa`ina, GMBBtiin kan ilaalamu ta`a. GMBB dhimma kana qulqulleessee tarkaanfii fudhachuu yoo dadhabe maatiin komii isaanii Waajjira Barnootaa dhiyeenyatti argamutti dhiyeessuun furmaata argachuuf mirga qabu.

30.3. Maatiin barattootaa dhaabbilee barnoota dhuunfaa irratti komii qaban qaama dhimmi ilaalutti dhiyeeffachuu isaaniitiin dhiibbaan haloo bahuu kamiyyuu barattoota irratti fudhachuun hin danda'amu.

## Kutaa Sagal

### Keeyyata 30. Dirqamafi Ittigaafatamummaa Dhaabbilee Barnootaa Dhuunfaa

32.1. Hojiin barnootaa hojii tajaajila hawaasummaa waan ta`eef dhaabbanni barnootaa dhuunfaa kamiyyuu qajeelfama gurmaa'inaafi hojimaata dhimma kanaa irratti hundaa'uun koree GMBB ijaaruun hojiitti bobbaasuu qaba.

32.2. Dhaabbanni barnootaa dhuunfaa kamiyyuu hojimaata hordofuun imaammataa barnoota biyyattii, qajeelfamootaafi dambiiwwan Biiroo Barnootaa Oromiyaatiin ba'an kabajuun hojjechuu qaba.

32.3. Dhaabbanni barnootaa dhuunfaa kamiyyuu gartummaa siyaasa dhaabbata siyaasaafi amantii kamirraayyuu karaa bilisa ta'een **(Sirna sekulaarizimii kabajee)** hojii baruu barsiisuu gaggeessuu qaba.

32.4. Dhaabbanni barnootaa dhuunfaa kamiyyuu ulaagaalee simannaa akka biyyaafi BBOn ba'an irratti hundaa'uun qofa barattoota simachuu qaba.

32.5. Dhaabbanni barnootaa dhuunfaa kamiyyuu orijinaala eeyyama beekamtii isaa bakka barattootni yeroo galmaa'an arguu danda'an kaa'uu qaba.

32.6. Dhaabbanni barnootaa dhuunfaa kamiyyuu ulaagaaleefi istaandardiiwwan akka biyyatti ba'an sirnaan hordofee hojjechuu qaba.

32.7. Dhaabbnni barnootaa dhuunfaa kamiyyuu galmee barattootaas ta'e sochii baruu barsiisuu biroo jalqabuuf dursee ulaagaale barbaachisan guutuun qaama dhimmi ilaalu irraa eeyyama hojii argachuu qaba.

32.8. Dhaabbnni barnootaa dhuunfaa kamiyyuu miseensa waldaa manneen barnootaa ta'uufi kitaaba barattootaas karaa sana lakkoofsa barattootaan dhiyeessuuf dirqama qaba.

Qajeelfama Manneen Barnoota Dhuunfaa

30.8. Dhaabbanni barnootaa dhuunfaa kamiyyuu ragaafi odeeffannoo caasaan barnootaa naannoo irraa hanga aanaa jiru gaafatu hunda dhugaafi qulqullinaan guutee dhiyeessuuf dirqama qaba.

30.9. Dhaabbanni barnootaa dhuunfaa kamiyyuu ragaa barattootaa, barsiisotaafi hojjatootaa bifa qulqullina qabuufi ammayyaawaa ta'een gurmeessee qabachuu qaba.

30.10. Dhaabbanni banootaa kamiyyuu imaammata barnootaafi leenjii bu'uura godhachuun qajeelfama kana qofa hordofuun hojjechuu qaba.

## Keeyyata 31. Dhimmoota Dhorkaman

30.1. Dhaabbanni barnootaa dhuunfaa kamiyyuu eeyyama beekamtii osoo hin argatiin galmee irraa kaasee sochii hojii barnootaa gaggeessuufi barattoota qorumsaaf teessisuu hindanda'an.

31.2. Dhaabbanni barnootaa dhuunfaa kamiyyuu eeyyama beekamtii duraa qofaan qorumsa naannoos ta'e biyyoolessaa qorsiisuu hindanda'u.

31.3. Dhaabbanni barnootaa dhuunfaa kamiyyuu kutaa barnootaa tokko keessatti gosa barnootaa tokko afaan adda addaan barsiisuu hin danda'u.

31.4. Dhaabbanni barnoota dhuunfaa kamiyyuu eeyyama hojii barnootaa naannoo biraatiin naannoo Oromiyaa keessatti hojjechuu hin danda'u.

## Keeyyata 32. Moggaassu Dhaabbilee Barnoota Dhuunfaa ilaalchiisee

32.1. Dhaabbileen barnootaa dhuunfa kamiyyuu haala seeraan Eeyyamameen maqaa daldalaa barbaadetti fayyadamu nidanda`a.

33.2. Dhaabbanni barnootaa dhuunfaa kamiyyuu maqaa addunyaa maraaf yookiin maqaa dhaabbilee barnootaa internashinalaaf ulaagaalee kaa'aman hanga hinguunnetti **maq-ibsa Internaatinaashinaala "International"** jedhu fayyadamuu hin danda`u.

Qajeelfama Mamen Barnoota Dhuunfaa

## Keeyyata 33. Yeroo Galmee Barattootaa

33.1. Dhaabbanni barnoota dhuunfaa kamiyyuu bara barnootaa itti aanuuf galmee barattootaa haaraas ta`e bulleeyyii gaggeessuu kan danda`u barri barnootaa jalqabame erga xumurame booda Adoolessa 01 hanga Hagayya 30 ta'uu qaba.

33.2. Armaan olitti lakk. 33.1. jalatti kan ibsame akkuma eegametti ta'ee, sababa amansiisaafi dirqisiisaa BBO Eeyyamamuun qofa galmeen barattootaa hanga ji'a Fulbaanaatti dheerachuu nidanda'a.

## Keeyyata 34. Gochawwan Barnoota Idilee Waliin Wal-cina Raawwatamam

34.1. Dhaabbata barnootaa dhuunfaa kamiyyuu keessatti sochiiwwan barnoota walmaddeessaa, sirnoonni kabaja ayyaanotaafi daawwannaan barnootaa, fi kkf qajeeltoowwan amala gaarii, aadaafi dudhaa hawaasaa, akkasumas kaayyoowwaniifi galmoota barnootaa waligalaa waliin kan waldhiitu ta'uu hin qaban.

34.2. Dhaabbata barnootaa dhuunfaa kamiyyuu keessatti sochiiwwan barnoota walmaddeessan raawwataman sagantaa barnoota idilee kan hindhiibne, sonawwan lammummaafi amala gaarii kan gabbisan, kornayaa kan idileessaniifi ilaalcha, aadaa, diinagdee, siyaasaafi hawaasummaa akkasumas beekumsaafi dandeettiiwwan bu'uuraa barattootaa kan gaabbisan ta`uu qabu.

## Keeyyata 35. Caasaalee Barnoota Naannichaa Sadarkaan Jiran Ilaalchiisee

35.1. Biiroon Barnootaa Oromiyaa hojiirra oolmaa tumawwan qajeelfama kanaa olaantummaan ni hordofa, to'annoo ni gaggeessa, bakka hanqinni mul'atettis caasaa isaa sadarkaan jiran waliin qindoominaan tarkaanfii sirreessaa ni fudhata.

35.2. Caasaaleen barnootaa sadarkaan jiran raawwii tumawwan qajeelfama kanaa sadarkaa isaaniitti ni hordoofu; bakka hanqinni mul'atettis Biiroo Barnootaa Oromiyaa waliin ta`uun tarkaanfii sirreessaa ni fudhatu.

Qajeelfama Manneen Barnoota Dhuunfaa

### Keeyyata 36. Hordoffiifi Madaallii Dhaabbilee Barnootaa Dhuunfaa

36.1. Biiroon Barnootaa Oromiyaa dhaabbileen barnootaa Eeyyama beekamtii hojii fudhatan seeraafi qajeelfama eeganii hojjechuu isaanii mirkaneessuufi tarkaanfii sirreessaa fudhachuuf yeroo kamiyyuu madaallii dhaabbilee kanneenii gaggeessuu ni danda'a.

36.2. Haala qabatamaa jiru irratti hundaa'uun madalliifi hordoffii dhaabbilee barnoota dhuunfaa ilaalchisee Biiroon Barnootaa Oromiyaa caasaalee barnootaa isa jala jiraniif aangoo kennuun hojiirra oolmaa isaa horddofuu ni danda'a.

36.3 Ogeeyyiin madaallii gaggeessan, qaama eeyyama kenne yookiin qaama aangoon kennameef irraa ergamuu isaanii ragaa mirkaneessu agarsiisanii madaallii dhaabbilee kanneenii ni gaggeessu.

### Keeyyata 37. Tarkaanfiwwan Bulchiinsaafi Seeraa

37.1. Dhaabbanni barnootaa dhuunfaa tokko tumaalee qajeelfama kana keessa kaa'aman yeroo jalqabaaf cabsee yoo argame rakkoo isaa akka sirreessu caasaan BBO eeyyama kenneen akeekachiisni duraa barreeffamaan ni kennamaaf.

37.2. Dhaabbanni barnootaa dhuunfa tokko tumaalee qajeelfama kana keessa kaa'aman cabsuun akeekkachiisa duraa kennameef irratti hundaa'uun hanqinaalee mul'atan yoo sirreessuu dadhabe, qaama eyyama kenneen akeekachiisni lammaffaan barreeffamaa ni kennamaaf.

37.3. Dhaabbanni barnoota dhuunfaa tokko tumaalee qajeelfama kana keessa kaa'aman cabsuun ilaalchisee akeekkachiisa jalqabaafi lammaffaa barreeffamaa kennameef irratti hundaa'uun rakkoolee ibsaman yoo sirreessuu dide, barri barnootaa jalqabame akkuma xumurameen qaama eeyyama kenneen eyyamni isaa ni haqama; seera hariiroo hawaasaanis kan gaafatamu ta'a.

### Keeyyata 38. Eeyyama Haquu (Revocation of Accreditation)

Eyyamni dhaabbata barnootaa dhuunfaa tokko sababoota armaan gadiin haqamu ni danda'a.

Qajeelfama Manneen Barnoota Dhuunfaa

38.1. Eyyamni kenname ragaa sobaan deeggaramee kan dhiyaate ta'uun isaa yoo mirkanaa'e;

38.2. Eeyyama kenname irratti hundaa'uun tajaajila barnoota qulqullinaafi gahumsa qabu kennuu dadhabuun isaa yoo mirkanaa'e.

38.3. Imaammataa barnootaafi qajeelfamoota BBOn ba'an kabajuu diduun ofeeggannoo kennameef bu'uura godhachuun yeroo **ji'a tokkoo** keessatti sirreeffama gochuu yoo dide.

38.4. Ragaa sobaan barattoota galmeessee yoo barsiie yookiin raga sobaa kennee yoo argame

38.5. Dhaabbatichi mataa isaantiin yookiin seeraan yoo diigame.

38.6. Qajeelfama kana keessatti ulaagaalee fi istaandardiiwwan barbaachisan eeguun hojjechuu yoo dadhabe haala qajeelfama kana keessatti ibsameen eyyamni kennamee ture seeraan haqamuu ni danda'a.

## Keeyyata 39. Adeemsa Raawwii Tarkaanfii Eeyyama Haqu

**Adeemsi tarkaanfiin Eeyyama haquu dhaabbata barnootaa dhuunfaa tokkoo, haala armaan gadiin raawwachuu danda'a.**

39.1. Eyyamni kan haqamu barri barnootaa jalqabame akka xumurametti, dhuma bara barnootaa irratti ta'a.

39.2. Eyyamni mana barumsaa tokkoo haqamuu isaa qaamni eyyamicha kenneefi akka haqamu taasise sub-qunnamtii ummataa dabalatee tooftaalee adda addaan ummanni akka beeku taasisa.

## Keeyyata 40. Sirna Komiin itti dhiyaatu

Bu`uura keeyyata **38n** dhaabbanni barnoota dhuunfaa tarkaanfiin bulchiinsaa irratti fudhatame tarkaanfii fudhatame irratti komii yoo qabaate tarkaanfiin fudhatamee guyyoota hojii 15 keessatti komii qabu barreeffamaan caasaa barnootaa dhimmi ilaalutti dhiyeffachuu danda'a. Qaamni komiin itti dhiyaates guyyooya hojii 10 komii dhiyaate qulqulleessee deebii kennuu qaba. Qaamni komii dhiyeeffates deebii kennameef irratti itti quufinsa yoo dhabe caasaa barnootaa itti aanee jirutti guyyaa hojii 20 keessatti ol iyyannoo

Qajeelfama Manneen Barnoota Dhuunfaa

dhiyeeffachuu ni danda`a. Qaamni ol-iyyannoon itti dhiyaates dhimmicha qulqulleessee iyyannoon dhiyaateef guyyoota hojii 15 keessatti deebii kennuu qaba.

## Keeyyata 41. Haala Qajeelfamni kun itti fooyya`u

Qajeelfama kana akka barbaachisummaa isaatti Biiroon Barnoota Naannoo Oromiyaa fooyyeessuu yookiin haquu ni deenda`a.

## Keeyyata 42. Qajeelfamota Haqaman

42.1. Dhimma Dhaabbilee Barnota Dhuunfaa Oromiyaa ilaalchisee qajeelfamni, xalayaan yookiin hojimaatni baramaa qajeelfama kanaan faallaa ta'e kamiyyuu tumaalee qajeelfama kanaan ibsaman irratti raawwatamummaa hin qabaatan.

42.2. Dhimma Istaandardiifi Eeyyama dhaabbilee barnootaa ilaalchisee Qajeelfamni bara 1998 Biiroo Barnootaa Oromiyaan bahee ture qajeelfama kanaan bakka bu`eera.

Qajeelfamni kun Amajjii bara 01/2009 irraa eegalee hojirra ni oola.

**Margaa Fayyisaa, Hogganaa Biiroo Barnootaa Oromiyaa**

Chaappaa________________________________

Qajeelfama Manneen Barnoota Dhuunfaa